# Deggersa Kaffaltii mana jireenyaa
# (Housing Assistance Resources)

Seerri sagantaa hedduun sababa dhibee biyya hundaatti argamu, kan COVID-19 kanaaf jecha jijjiiramee jira. Yeroo darbanitti deggersa mana jireenyaatiif ga'umsa kan hin qabaanne yoo taatan, yeroo ammaatti garuu tajaajila kennaman keessaa tokkotti ga'umsa qabaachuu akka dandeessan adda baafachuudhaaf maaloo, dhaabbatoota armaan gadii quunnamaa.

## Ani Kiraa kaffaluuf deggersan barbaada

Deggersaaf www.ApplyMN.dhs.mn.gov. irratti iyyata galfadhaa. Sadarkaan galii, kanaan duratti tajaajila kana argachaa turuu, fi haalli immigireeshinii keessanii ilaalcha keessa kan galfamu ta'a.

**Abbaa qabenyaa wajjiin karoora ykn waliigaltee biroo uumuu irratti hojjechuuf deggersan barbaada.**

Dhaabbata Tajaajila Araarsuu fi Deebisanii ijaaruu kan Hawaasaa (Community Mediation & Restorative Services, Inc (CMRS) : Abbaa qabeenyaa waliin haasaa jalqabuu fi karoora qopheessuuf kan gargaaruu dha. Filannoo keessan keessatti caalmaatti akka irratti yaaddanii fi tajaajila sirrii akka argattaniif isin tumsuu dandeenya. Emeeyilii referrals@CMRSmn.org irratti ergaa ykn 763-561-0173 irratti bilbilaa. Maqaa keessan, lakkoofsa bilbilaa ykn emeeyilii, fi ibsa guutuu waa'ee haala keessanii gabaabaatti kaa'aa. Bakka bu'aan CMRS isiiniin kan quunnamu ta'a.

Giddu galeessa Wal-diddaa Hiikuu (Conflict Resolution Center): warri kireeffatanii fi abbaan qabeenyaa rakkoo wal-diddaa kaffaltii mana jireenyaa waliin dudubbatanii akka hiikaniif tajaajila walitti isaan fiduu kan bilisa ta'e mijeessa. Lakkoofsa 612-822-9883 irratti bilbilaa ykn gaaffii irratti waliin dudubbachuu barbaaddan karaa interneetaa www.crcminnesota.org ergaa.

**Akka kireeffataa tokkootti mirga koo hubachuuf deggersan barbaada**

- **Gargaarsa Seeraa Mid-Minnesota (** Mid-Minnesota Legal Aid): Kireeffattoota Minneapolis kanneen galii gad-aanaa qabaniif gorsa seera-qabeessa gumaacha. Kireeffattoota Minneapoolis hundumaaf odeeffannoo fi tajaajilli barbaachisaa ta'an www.mylegalaid.org ykn 612-334-5970 irratti bilbiluudhaan argama.
- Sarara bilbilaa (HOME Line): Bilisaa fi iccitiin isaa kan eegame gorsa seera-qabeessa ta'e Kireeffatoota Minneapolis hundumaaf mijeessa. Gorsa seera qabeessa kan biliisa ta'ee fi iccitiin isaa eegamaa ta'e argachuuf 612-728-5767 irratti bilbilaa ykn gaaffii qabdan gara HOME Line a housing attorney irratti emeeyil nuuf godhaa.
- Dhaabbata Gargaarsa Seeraa MN (LawHelpMN.org ): Afaan Ingilizii, Spanish, Hmong fi Somaaliitiin odeeffannoo seera-qabeessa ta'an qabatee jira.

**Ani jiraataa Aangawaa Mana jireenyaa Ummataa Minneapolis [Minneapolis Public Housing Authority (MPHA)], naga'ee (voucher) filannoo kan mana jireenyaa, yookiinis ammoo galii koo irratti hundaa'uudhaan kiraa koo kaffaluudhaaf gargaarsa kan biroo qaba.**

Galii keessan irratti hundaa'uudhaan deggersa kaffaltii kan fudhattan yoo ta'e, jijjiirama galii keessan irratti ta'u yeroodhaan gabaasa gochuun barbaachisaa ta'a. Maatiiwwan hir'ina galii kan isaan mudate kamiin iyyuu tekiniishaana dhimmi isaa ilaallatutti battalumatti gabaasa gochuu akka qaban 'MPHA'n kan gorsu yoo ta'u, haaluma kanaanis kiraan mana jireenyaa akka barbaachisummaa isaatii fi ariitiidhaan hir'ifamuu danda'a jechuu dha.

Jijjiirama galii keessan irratti ta'u ammayoomsuuf, unkaawwan 'MPHS' toora interneetaa irraa fayyadamaa:

- Unkaa Jijjiirama Gali Section 8 (Section 8 Income Change Form)
- Unkaa Jijjiirama Galii Mana Jireenya Ummataa (Public Housing Income Change Form)

Odeeffannoon dabalataa marsariitii MPHA kana irratti argama: https://MPHAOnline.org/COVID19

**Faayidaawwan hoji-dhabdummaa argachuuf iyyata dhiheeffachuun barbaada**

hojiin keessan sababa dhibee COVID-19 tiin kan miidhame yoo ta'e, faayidaa hoji-dhabdummaa argachuudhaaf osoo hin turin iyyata dhiheeffadhaa.

Har'uma toora interneetaa irratti iyyata dhiheeffadhaa (Apply online today )

Iyyata keessan toora interneetaa irratti eegaluuf gabatee yeroo haaraatu qophaa'ee jira. Yoo dijiitiin lakkoofsa nageenya hawaasaa keessan (SSN) inni xumuraa:

- 0, 1, ykn 2: ta'e gaafa Wixataa 6 a.m. fi 8 p.m. gidduutti dhiheeffadhaa.
- 3, 4 ykn 5: ta'e gaafa Kibxataa 6 a.m. fi 8 p.m. gidduutti dhiheeffadhaa.
- 6, 7, 8 ykn 9: ta'e gaafa Roobii 6 a.m. fi 8 p.m. gidduutti dhiheeffadhaa.

Namni kam iyyuu gaafa Kamisaa fi Jimaataa yeroo 6 a.m. fi 8 p.m. gidduutti dhiheeffachuu ni danda'a.

Akka itti iyyata dhiheeffatan ilaalchisee gaaffii yoo qabaattaniif, gargaarsa barbaachisaa ta'e Jimaata yeroo hundumaa 8:00 a.m. hanga 4:30 p.m. tti bilbilaan argachuu dandeessu:

- 651-296-3644 (Naannoo Twin Cities/Twin Cities area)
- 1-877-898-9090 (Minnesotaa Guddittii /Greater Minnesota)
- 1-866-814-1252 (Fayyadamtoota -TTY)

**Dhiibbaa Kaffaltii Diinagdee kan Federaalaa fi gulaallii qaraxaa kan kiyyaa adda baafachuuf deggersan barbaada**

Qophaa'ina + Badhaadhina ( Prepare + Prosper): karaa qaraxa bilisa ta'ee qopheessuu fi tajaajila faayinaansii, leenjii kennuu , akkasumas calla fayyadamuudhaan tasgabiin akka jiraatu taasisuuf, namoota galii gad-aanaa hanga giddu-galeessaatti qaban waliin kan hojjetuu dha. Tajaajilli kan biroon kan inni of keessatti haammatu:

- Deggersa Kaffaltii lafa fagoo ilaalchisee Qaraxaa fi kaffaltiiwwan durgoo/jajjabinaa taasisuu
- Deggersa galmee karaa nagaa fi kaardii debit kan dursa kaffalamanii fi oomisha baankii kan FAIR ta'an (checking account- dabalatee) hatattammaan kaffaltiiwwan dhiibbaa diinagdee fi qaraxa kan humnaan ol kaffalamee ture ilaaluudhaan deebisanii maammilaaf kaffaltii taasisuu.

Gargaarsa qaraxaatiif ykn gaaffii walii galaatiif 651-287-0187 quunnamaa ykn contact@prepareandprosper.org gargaaramaa.

Akkaawontii irratti galmaa'uudhaaf toora interneetaa irratti beellama qabadhaa ( make an appointment online)

## Waantota asi irratti hin tarreeffamin hafanin barbaadaa jira

'United Way 211' waa'ee mana jireenyaa, soorataa, meeshaawwan tajaajilaa Mineessotaa keessa bakka kamitti iyyuu odeeffannoo dabalataa kan gumaachu ta'a. 2-1-1 irratti bilbilaa, ZIP- koodii keessan 898-211 irratti nuuf barreessaa, ykn ammoo toora interneetaa irratti Ispeeshaalistii Tajaajila Hawaasummaa waliin haasa'uuf, ykn marsariitii https://www.211unitedway.org/ daawwachuu.

211 kan inni miindeffame 24/7 karaa Ispeeshaalistoota Tajaajila Hawaasummaa gumaachuuf leenjifamaniin yoo ta'u, innis kan fedhii keessan dhaggeeffatuu fi kan gara dhaabbiilee fi sagantaa isin barbaaddan dhiheessii isiniif taasisuutti kan isin dabarsu ta'a.

### Gargaarsi akkamii akka na barbaachisu sirriitti adda baafadhee hin beeku

**Yoo jiraataa '**Hennepin County' taatanii fi deggersi akkamii akka caalmaatti isin fayyaduu danda'u kan adda hin baafanne ta'e, maaloo Giddu-gala Tajaajila Kireeffatootaa (Tenant Resource Center (TRC)) karaa 612-302-3180 nu quunnamaa.